

Nama COVID-19'n qabameef saaxilamtanii yoo turtan maal gochuu akka qabdan

Cuunfaa jijjiiramoota Sadaasa 15, 2021

- Namni tokko akkamitti COVID-19 tif akka saaxilamu irratti odeeffannoo haaromfame.
- Namoota dhiyootti argattanii fi talaallii guutumaa guututti hin argannee fi mallattooleen kan irratti hin mul'annef qajeelfama qorannoo, haguuggii fi addaa of baasuu haarofame
- Namoota dhiyootti argattanii fi talaallii guutumaa guututti argatanii fi mallattooleen kan irratti hin mul'annef qajeelfama qorannoo, haguuggii fi addaa of baasuu haarofame
- Guyyoota 90'n darbaniif namoota COVID-19 qabamamanii fi fayyanii fi mallattooleen irratti hin mul'annef qajeelfama dabalame.
- Namoota dhiyootti argattanii mallattooleen irratti mul'ateef qajeelfama haarofame

Seensa

Nama COVID-19 qabameef yoo saaxilamtan, yookin saaxilameera jettanii shakkitu yoo ta'e, vaayirasichi namoota biroo maatii fi hawaasa keessanitti akka hin tatamsaane ittiisuu ni dandeessu. Maaloo, qajeelfamoota kanaa gadii hordofaa. Barattoonnii fi hojjattoonni manneen baroota K-12 [Ulaagaalee K-12](#) hordofuu qabu.

Ani akkamittan COVID-19'dhaf saaxilame?

Vaayirasiin COVID-19 nama qabsiisu kun baay'inaan kan tatamsa'u namoota baay'ee walitti dhiyaatan gidduuttidha (faanaa 6 gidduutti yookin fageenya ciqilee 2 gidduutti). Namni qabame kara coba hargaansuu ykn paartikiloonni xixxiqqoo kan akka [aerosols](#), keessa jiraniitin [vaayirasii tatamsaasuu](#) ni danda'a, yeroo itti qabamaniitti, namoonni COVID-19'tin qabaman mallattoolee arguu isaanitiin dura guyyoota lama (ykn yoo isaan mallattoolee hin agarre ta'e guyyaa qorannoo poozitivii isaanii dura guyyoota 2) irraa eegaluun hamma mallattoolee erga arganii booda guyyoota 10 (ykn yoo isaan mallattoolee hi agarre guyyaa qorannoo poozitivii isaanii booda guyyoota 10) tatamsasuu ni danda'u Namoonni baay'een yeroo heeddu vaayirasichaaf kan saaxilam karaa miseensa maatii yookin namoota biroo waliin walitti dhiyeenyan tuttuuqqii taasisuudhani. Dhiyeenyan tuttuuqqii taasisuu jechuun nama COVID-19 qabame bira fageenya ijjata faana 6 gidduutti yoo xiqqaate walumaagalatti daqiiqaa 15'f turuu yookin caalmatti sa'aatii 24 ol turuu jechuudha. Namoonni tokko tokko eessaa akka qabaman osoo hin beekin COVID-19 ofirratti argu.

Af-gaaffii fayyaa hawaasaa irratti hirmaadhaa

Namni COVID-19 qabame tokko isin wajjin yeroo dhiyootti tuttuuqqii taasiseera jedhee biiroo fayyaa hawaasatti yoo hime, karaa bilbilaa yokin barreeffamaa fayyaa hawaasaa irraa dhagahuu ni dandeessu. Namni af-gaaffii isin gaafatu maal gochuu akka qabdanii fi gargaarsi akkamii akka jiru akka hubattan isin gargaaru. Namni af-gaaffii isin gaafatu nama maqaa keessan kenneef isinitti himu. Boodarra yoo dhukkubsattan, yeroo dhiyootti nama waliin tuttuuqqii gootan waa'ee saaxilamuu isaanitti himuuf maqoota fi karaa ittiin argatan isin gaafatu. Maqaa keessan nama tuttuuqqii gootaniif hin qoodan.

Mallattoolee COVID-19

[Mallattoolee](#) COVID-19 hoo'ina qaamaaleydaa ykn qorrisiisuu, qufaa, hafuura kutuuu ykn harganuu dadhabuu, dadhabii, dhukkubbii maashaa ykn qaamaa, mataa bowwoo, madaa qoonqoo, funyanii cufamuu ykn furrii karaa funyaanii yaasuu, ol deebisuu yookin hoqii, garaa kaasaa fi dhandhama ykn foolii dhabuu haaraa. Tarreeffamni kun mallattoolee ta'uu danda'an hunda of keessatti hin hammatu.

Nama COVID-19 n qabame wajjin tuttuqqii qaamaa taasiseera, garuu na hin dhukkubu. Maal gochuun qaba?

Yoo isin guutumaa guututti hamma ammatti talaallii hin fudhanne taatan

Qorannoo SARS-CoV-2 (Vaayirasii COVID-19 fidu) taasisuu ykn manatti nama irraa adda of baaftanii turuu qabdu. Yoo qorannoon jalqaba keessan irratti kan hin qabamne taatan, nama COVID-19 qabu wajjiin wal tuquu dhumaa erga gootanii guyyoota 5-7 booda irra deebiin qoratamuu fi nama irraa adda of baasus itti fufuu qabdu. Mana keessanitti yookin alatti dirqama nama qunnamuu qabdu yoo ta'e, haguugii afaanii fi funyaanii godhadhaa. Nama wajjiin yeroo dhumaatif erga wal tuqtanii booda guyyoota 14'f mallattoolee ilaalaa, akkasumas yoo isin [mallattoolee COVID-19 qabaattan, yoo qoratamtan](#) (Ingliffa qofaan) fi sadarkaawwan [Ani nama COVID-19'n qabamee wajjiin tuttuqqii godheera akkasumas amma na dhukkubeera jedhu jala jiran hordofaa. Maal gochuun qaba?](#)

Qajeelfamani qophaatti adda bahanii turuu amma jiru kan jedhu guyya dhumaa nama waliin tuttuqqii gootanii kaasee guyyaa 14'f akka ta'eedha. Bakkoonni yookin gareewwan baay'ee saaxilamoo ta'an filannoowwan qophaatti adda bahanii turuu guyyaa 14 fayyadamuu **qabu**:

- Namoota bakka kunuunsa fayyaa yeroo dheeraa keessa hojjatan yookin turan.
- Namoota mana sirreessaa keessa turan yookin hojjatan.
- Namoota iddoo dahannoo yookin mana jireenyaa yeroodhaaf tajaajilu keessa hojjatan yookin jiraatan.
- Namoota bakka jireenya waliinii kanneen akka doormitarii, bakka waliin jireenya hawaasa yookin garee keessa hojjatan.
- Namoota bakka hojii namoonni itti heddummatanii fi walirraa fageenyi qaamaa itti eegamuu hin dandeenye keessa hojjatan; kunis sababa bakkeewwan hojii kanneen akka mana kuusaa yookin warshaa keessatti walirraa fageenya qaamaa eegun rakkisaa ta'eefi.
- Namoota qurxummii qabuu irratti bobba'an yookin markaboota nyaata galaanaa irratti hojjatan irra hojjatan.

Kuni hin danda'amu yoo ta'e, erga guyyaa dhumaa nama waliin tuttuqqii taasiftanii kaasee guyyoota 10 adda of baasaa turaa. Yeroo turtii guyyoota 10 tti mallaoolee COVID-19 kamiyyuu isin irratti mul'ate, guyyoota 14'f adda of-baasun sana booda qoratamaa. **Hanga guyyaan 14 mallattoolee hordofuu akka hin daganne.**

Erga gaafa guyyaa dhumaa nama wajjin tuttuqqii gootanii kaasee guyyaa 7 guutuu erga fixxanii booda iyoo mallattoon homaatu isin irratti hin mul'annee fi bu'aan qorannoo erga negatiiva ta'een booda (osoo turtii nama irraa adda bahuu hin xumurin sa'aatii 48 osoo hin caalin qorannoo gaggeessitani yoo ta'e) qophaatti adda bahanii turuu kutuun ni danda'ama *Kuni kan irratti hundaa'u wantoonni qorannoodhaaf barbaachisan argamuu fi dhiisuu isaa irratti hundaa'aa.* **Hanga guyyaan 14 mallattoolee hordofuu akka hin daganne.**

Haala dhuunfaa keessa jirtaniif filannoo gaarii ta'e filachuuf, biiroo fayyaa naannoo keessan jiruun mariyadhaa.

Guutummaatti talaallii argattinirtu yoo ta'e

Namoonni guutummaadhan talaallii fudhatan kan jedhaman:

- talallii abbaa doozii 2 kanneen akka talaalliwwan Pfizer yookin Moderna fa'aa erga fudhatanii torban lama booda, yookin
- talaallii abbaa doozii tokkoo kan akka Johnson & Johnson's Janssen erga fudhatanii torban 2 booda

Erga doozii xumuraa isaanii fudhatanii torban 2 gadi yoo ta'e yookin ammayyuu doozii lammaffaa argachuun kan isaan barbaachisu yoo ta'e, guutummaatti dhibicha irraa HIN eegaman. Hanga talaallii guutuu fudhattanitti [tarkaanfiwwan ittisaa](#) hundumaa hordofaa. Talaalliwwan COVID-19 itti fayyadama yeroo hatattamaatif Food and Drug Administration (FDA, Bulchiinsa Nyaata fi Qorichaa)dhaan eeyyamni kennamuufii yookin mirkanaa'uu qaba; yookin World Health Organization (Dhaabbata Fayyaa Addunyaa) tiin itti fayyadama yeroo hatattamaatif tarree keessa jiraachuu qaba yookin mirkanaa'uu qaba.

Namoonni guutummaa guututti talaallii fudhatan nama COVID-19 qabu wajjiin tuttuqqii yoo goodhan of adda baasuun isaan irra hin jiru, garuu nama COVID-19 qabu wajjiin yeroo dhumaatif tuttuqqii erga goodhanii booda guyyoota 5-7 qorannoo SARS-CoV-2 (vaayirasii COVID-19 fidu) tasisuu, tuttuqqii isaanii dhuma booda guyyoota 14'f mallattoolee hordofuu fi yoo qoratamuu baatan tuttuqqii isaanii dhuma booda guyyoota 14'f hamma bu'aa qorannoo SARS-CoV-2 naagetivii fudhatanii mana keessatti iddoowwan namoonni jiraniitti haguuggi afaanii fi funyaanii godhachuu qabu. Yoo mallattooleen mul'atan, [qoratamaa](#) (Ingliffa qofaan) akkasumas sadarkaawwan [Ani nama COVID-19'n qabamee wajjiin tuttuqqii godheera akkasumas amma na dhukkubeera jedhu jala jiran hordofaa. Maal gochuun qaba?](#) Jiraattonni bakkee saaxilamummaan isaa olaanaa ta'e (fakkeenyaaf, mana amala sirreessa fi wiirtuwwan kunuunsaa yeroo dheeraa) keessa jiraatan adda of baasanii turuunii fi qajeelfama addaa kan Department of Health (DOH, Muummee Fayyaa) yookin gorsa aangawoota fayyaa naannoo hordofuu qabu. Local health jurisdictions (Aangawoonni fayyaa naannoo) yaada furmaataa/gorsa kana salphisuuf yookin bal'isuuf wantoota akka to'annaa weeraraa, bakka namoonni waliin jiraatan fi maloota ittisaa qophaa'an bu'uura godhachuun aangoo isaanii fayyadamuu danda'u.

Guyyoota 90'n darbaniif yoo COVID-19'tin qabamtaniifi namoota COVID-19'n qabaman wajjiin tuttuqqii osoo hin godhin yoo fayyitan

Guyyoota 90'n darbaniif yoo COVID-19'tin qabamtaniifi namoota COVID-19'n qabaman wajjiin tuttuqqii osoo hin godhin yoo fayyitan, of addaa baasuun isin hin barbaachisu, garuu nama COVID-19'n qabame wajjiin yeroo dhumaatif erga wal tuttuqqii gootanii booda guyyoota 5-7 keessatti qorannoo farra qaamaatin qorannoo COVID-19 taasisuu qabdu. Bu'aa qorannoo farraa qaamaa SARS-CoV-2 naagetivii hanga fudhattanitti guyyaa tuttuqqii dhuma keessaniin booda guyyoota 14'f ykn yookin yoo kan hin qoratamne taatan guyyaa dhuma tuttuqqii gootanii booda guyyoota 14'f mallattoolee hordofuu fi mana keessatti iddoowwan namni jiruutti haguugii afaanii fi funyanii godhachuu qabdu. Mallattoolen yoo isin irratti mul'atan, dhiyeessaa eegumsa fayyaa keessan wajjiin mariyadhaa. Namoonni guyyoota 90 darban keessatti COVID-19 irraa fayyanii fi bakkee saaxilamummaan isaa olaanaa ta'e (fakkeenyaaf, manneen amala sirreessaa) keessa jiraatan, adda of baasanii turuun qajeelfama addaa DOH yookin gorsa LHJ hordofuu akka qaba ni goorfama. Local health jurisdictions yaada furmaataa/gorsa kana salphisuuf yookin bal'isuuf wantoota akka to'annaa weeraraa, bakka namoonni waliin jiraatan fi maloota ittisaa qophaa'an bu'uura godhachuun aangoo isaanii fayyadamuu danda'u.

Nama COVID-19 qabame wajjin tuttuqqii qaamaa taasisseera, garuu na dhukkuba. Maal gochuun qaba?

Yoo isin COVID-19'dhaf saaxilamtanii fi [mallattoolee](#) (kan salphaa ta'anillee), yoo mul'atan, haalli talaallii kan fedhes ta'u mana turuu fi namoota biroo irra fagaachuu akkasumas qorannoo SARS-CoV-2 (Vaayirasii COVID-19 fidu) taasisuu qabdu. Qorannoodhaf ogeessa fayyaa keessan qunnamaa. Nama

COVID-19 dhan qabame waliin tuttuqqii akka taasiftanii fi amma isin dhukkubaa akka jiru itti himaa. Qorannoo farra qaamaatif nageetivii yoo taatan, dhiyeessan eegumsa fayyaa keessan qorannoo dhugoomsuf yaada dhiyeessuu danda'a. Yoo isin [Qorannoo-ofii](#) fayyadamaa kan jirtan taatan, ajajawwan oomisha qorannoo farra qaamaa qorannoo-ofii keessan keessa jiran hordofaa. Mana keessanitti yookin alatti dirqama nama qunnamuu qabdu yoo ta'e, haguugii afaanii fi funyaanii godhadhaa. Namoonni biroo mana keessaniin alaa jiran yoo isin isaan cinaa ta'uun dirqama ta'e haguugii afaanii fi funyaanii godhachuu qabu. Mallattoon isin irratti mul'ate cimaa yoo deeme yookin mallattooleen haaran isin irratti mul'atan, ogeessa fayyaatin mariyadhaa.

Namni tokko dhiyeessaa eegumsa fayyaa hin qabu/du yoo ta'e: Haalli godaansa keessan kan fedheeyyuu yoo ta'e, bakkeewwan qorannoo bilisaa yookin gatii gadi aanaa qaban hedduu jiru. [Waa'ee Qorannoo Qajeelcha Fayyaa Ilaalchisee Gaaffilee yeroo hedduu gaafataman](#) (Ingiliffa qofa) ilaalaa, gara [Sarara Waa'ee Odeeffannoo COVID-19 Isteeta WA](#) (Ingiliffa qofa) tti bilbilaa.

Erga mallattooleen eegalanii booda bu'aa qorannoo	Namni dhiyootti tuttuqan guutumaan guututti kan talaallii fudhate/fudhatte yoo ta'e/taate ykn COVID-19'tin kan qabamee/qabamte fi guyyoota 90 darban keessatti kan fayye/fayyite	Namni dhiyootti tuttuqan guutumaan guututti kan talaallii fudhate/fudhatte yoo hin taane
Poositivii ykn kan hin qoratanne	<p>Mana turaa hamma:</p> <ul style="list-style-type: none"> Mallattooleen yeroo jalqabaaf erga mul'atanii booda guyyaa 10 hamma ta'uttii FI Wal'aansa hoo'insa qaamaa/leygdaa hir'isu fayyadamuun dura sa'aatii 24 darbe keessatti hoo'insa qaamaa yoo hin qabanne FI Mallattoleen keessan baay'ee yoo fooyya'iinsa agarsiisan. 	<p>Mana turaa hamma:</p> <ul style="list-style-type: none"> Mallattooleen yeroo jalqabaaf erga mul'atanii booda guyyaa 10 hamma ta'uttii FI Wal'aansa hoo'insa qaamaa hir'isu fayyadamuun dura sa'aatii 24 darbe keessatti hoo'insa qaamaa yoo hin qabanne FI Mallattoleen keessan baay'ee yoo fooyya'iinsa agarsiisan.
Naagetivii	<p>Mana turaa hamma:</p> <ul style="list-style-type: none"> Wal'aansa hoo'insa qaamaa hir'isu fayyadamuun dura sa'aatii 24 darbe keessatti hoo'insa qaamaa yoo hin qabanne FI Mallattoleen keessan baay'ee yoo fooyya'iinsa agarsiisan. <p>Jiraattonni bakkee saaxilamummaan isaa olaanaa ta'e (fakkeenyaaf, mana amala sirreessa fi wiirtuwwan kunuunsaa yeroo dheeraa) keessa jiraatan akka adda of baasanii turuunii fi qajeelfama addaa kan DOH yookin gorsa aangawoota fayyaa naannoo hordofuu akka qaban ni goorfamu.</p>	<p>Adda of baasanii turuu bakka dhaabdani itti fufaa (Nama COVID-19 qabame wajjin tuttuqqii qaamaa taasiseera, garuu na hin dhukkubu kan jedhu ilaala. Maal gochuun qaba?)</p>

Qajeelfamni dabalataa [namoota COVID-19 dhaan qabamaniif](#) ni jira.

Mallattoolee ofirratti ilaalaa

Mallattoon isin irratti mul'ate yoo isinitti hammaate, gargaarsa ogeessaa isin barbaachisa. Osoo wal'aansa hin argatin dursa, ogeessa fayyaa keessaniif bilbiluun mallattoolee COVID-19 akka isin irratti mul'ate itti himaa. Namoota iddoo turtii yookin kutaa yaalii keessa jiranitti dhibichi akka hin tatamsaanef, yeroo mana yaalichaatti ol liixan haguuggii fuulaa godhadhaa.

Rakkoo fayyaa hatattamaa yoo qabaattanii fi 911 tti bilbiluu yoo barbaaddan, mallattoo Covid-19 qabaachuu keessan hojjattoota dhimmi kun ilaallatutti himaa. Tajaajiltoonni yeroo hatattamaa osoo hin dhufin dursa, ni danda'ama taanan haguuggii fuulaa godhadhaa.

Dhibeen kiyya maatii koo fi namoota hawaasa keessa jiraatanitti akka hin tatamsaanef maal gochuun qaba?

- **Waldhaansa fayyaaf yoo ta'e malee manaa turaa.**
 - Mana baruumsaa, hojii yookin bakka namni itti heddummatu hin deeminaa. Geejjiba uummataa, taaksii yookin nama waliin konkolaataa hin fayyadaminaa. Namni biroo gabaa akka isiniif dhaqu gaafadhaa yookin tajaajila giroosarii manatti isiniif fidu fayyadamaa.
 - Osoo gara ogeessa fayyaa hin deemin dura bilbiluudhan COVID-19 dhaan akka qabamtan yookin COVID-19 dhaaf akka qoratamtan itti himaa. Yeroo mana yaalichaatti ol liixan haguuggii fuulaa godhadhaa. Wantoota kana hordofnaan, namoota biiricha yookin bakka turtii jiran dhibichaan akka hin qabamne ittisuu ni dandeessu.
- **Namoota yookin bineeldota mana keessan keessa jiran irraa adda of baasaa.**
 - Hanga danda'ametti, namoota biroo irraa adda bahaatii turaa.
 - Jira taanan mana fincaanii qophaatti fayyadamaa.
 - Namoota biroo wajjiin yeroo taatan haguuggii funyaanii fi afaanii fayyadamaa. Yoo haguuggii afaanii fi funyaanii godachuu hin dandeessan ta'e, namoonni biroo yeroo gara kutaa keessan seenan haguuggii afaanii fi funyaanii ykn respirator godhachuu qabu. Haguuggin fuulaa, waanta afaani fi funyaan sirriitti haguugu fi karaa lamaaninuu akkasumas areeda keessan jalatti sirriitti kan ta'u ta'uu danda'a. Haguuggin kun huccuu gulantaa lama yookin isaa oliin hodhamee gurroon ittiin dudduubatti yookin gurratti hidhatan itti godhame ta'ee qophaa'uu qaba. Namoonni rakkina fayyaa sammuu, amalaa yookin dhukkuba huccuudhan fuula isaanii haguuguu isaan dhorku qaban, waan akka pilaastikii fuula isaanii haguugu (face shield) fayyadamuu danda'u.
 - Qajeelchi Giddu galawwan Disease Control and Prevention (CDC, Ittisaa fi To'annoo Dhibee) [karaa ittiin maaskiin haalan COVID-19 ittisu fooyya'uu tooftaa kallattii kenna](#). Tooftaalen kuneen, maaskii meedikaalaa irra maaskii huccuu godhachuu, maaskii meediikaalaa fiixee isaa sirriitti jabeessanii hidhachuu, waan maaskiin akka nama irraa hin buune ittiin jabeessan fayyadamuu, yookin naayiloonii maaskii gubbaadhan fayyadamuu. Itti dabaluunis, maaskii qaawwa ittiin hafuura baafatan qabu, haguuggii afaani fi funyaanii qeenxee yookin huccuu leezarii fayyadamuu DOH, Muummen Fayyaa hin eeyyamu. (Akkaataa qajeelfama DOH fi [L&I](#) (Ingiliffa) dhaan maxxanfameen haguuggii afaanii fayyadamuun rakkoo hin qabu).
 - Bineeldota manaa fi bineensota tuttuquu irraa of qusadhaa. Yeroo barbaachisaa ta'etti, miseensi maatii keessanii akka isiniif kunuunsu gaafadhaa. Bineeldota manaa keessan kunuunsun dirqama yoo ta'e, osoo bineensota manaa hin tuttuqin duraa fi booda harka keessan dhiqadhaa; ni danda'ama taanan, haguuggii fuulaa godhadhaa. Odeeffannoo dabalataatiif [COVID-19 fi Bineensota](#) kan jedhu ilaalaa.

- Meeshaalee dhuunfaa kanneen akka qodaa itti nyaatan, burcuqqoo itti dhugan, siinii, meeshaalee addaa adaa, foomaa, yookin huccuu siree nama biroo yookin bineeldota manaa wajjin hin fayyadaminaa.
- Yeroo hundumaa, maaskii yoo godhattanii jiraattan illee **yeroo hundumaa walirraa fageenya faana 6 eegaa.**
- **Yeroo hunda harka keessan dhiqadhaa.** Harka keessan bishaani fi saamunaadhan yoo xiqqaate sekondii 20 dhiqadhaa. Saamunaa fi bishaan hin jiru yoo ta'e, saanitaayizarii harkaa kan qabiyyee alkoolii 60% qabu fayyadamaa. Harka osoo hin dhiqatin fuula of hin qaqqabatinaa.
- **Yeroo qafaatanii fi haxxiffattan sooftiidhaan haguugaa.** Sooftii fayyadamtan sana gatuun harka dhiqadhaa.
- **Bakkeewwan “tuttuqqiin itti baay’atu”** kanneen akka maashinii herreegaa, gubaa minjaala, qabattoo balbalaa, minjaala irra keessa, qabattoo mana fincaanii, mana fincaanii, bilbiloota, kiiboordiiwwan, taabileetiwwan fi minjaala siree biraa **yoo xiqqaate guyyaatti yeroo tokko ykn ni barbaachisa jedhame hamma murtaa'e qulqulleessaa.** Dhangala'aa ittii mana qulqulleessan fayyadamaa, qajeelfama achi irra jiru fayyadamaa.

Adda bahanii turuu fi yerodhaaf qophaatti adda bahuu gidduu garaa garummaa maaltu jira?

- **Adda bahuun,** COVID-19'n qabamtan yoo ta'ee fi bu'aa qorannoo eeggataa jirtu yoo ta'ee, yookin COVID-19'n qabamtan yoo ta'ee waanta gootaniidha. Adda bahuun, dhibichi akka hin daddabarre ittisuuf jecha [yeroo](#) murtaa'ef mana turuu fi namarraa adda bahuudha (miseensota maatii dabalatee).
- **Yerodhaaf qophaatti adda bahuun** COVID-19 dhaf yoo saaxilamtan waanta gootaniidha. Yerodhaaf qophaatti adda bahuu jechuun dhibichaan qabamtaniirtu yookin ni daddabarsitu yoo ta'ee [yeroo](#) murtaa'ef nama irraa adda baahanii turuu jechuudha. Boodarra COVID-19' qabamtan yoo ta'ee yookin mallattooleen COVID-19 isin irratti mul'ate yoo ta'ee, yerodhaaf qophaatti adda bahanii turuun gara adda bahuutti ceha (quarantine becomes isolation).

Odeeffannoo fi maddoota (sources) COVID-19 dabalataa

[Haala COVID-19 amma Waashington keessa jiru](#), [Labsiiwwan Bulchaa Islee](#), [mallattoolee](#) (Ingiliffa qofaan), [akkamitti akka tatamsa'u](#) (Ingiliffa qofaan), fi [yoomi fi akkmitti namoonni qoratamuu akka qaban](#) (Ingiliffa qofaan) ilaalchisee odeeffannoo waktaawaa hordofaa. Odeeffannoo dabalataaf [Gaaffilee yeroo hedduu gaafataman](#) (Ingiliffaan qofaan) keenya ilaalaa.

Eenyummaan/sanyiin yookin lammummaan mataan isaa nama tokko COVID-19 dhaaf hin saaxilu. Haa ta'u malee, hawaasni gurraachi (communities of color) haalan dhibee COVID-19 tiin miidhamaa jiru. Kuni ta'uu kan danda'e sababa namoonni qoqqobbii sanyummaa irra gaheen namoonni kun ofii isani fi hawaasa isaanii dhibicha irraa ittisuuf carraa baay'ee hin arganne. [Namaaf maqaa hin taane kennuun dhukkubicha ittisuuf hin gargaaru](#) (Ingiliffa qofaan). Jette jettee fi odeeffannoon sobaa akka hin babal'anneef, odeeffannoo dhugaa qofa qoodaa.

- [Qajeelcha fayyaa Weerara Novel Koronovaayirasii 2019 \(COVID-19\) Isteeta WA](#) (Ingiliffa qofaan)
- [Deebii Koronovaayirasii \(COVID-19\) Isteeta WA](#) (Ingiliffa qofaan)
- [Qajeelcha Fayyaa Naannoo yookin Aanaa Keessanii Barbaadaa](#) (Ingiliffa qofaan)
- [CDC Koronovaayirasii \(COVID-19\)](#)
- [Maddeen Maqaa namaaf kennanii nama qooduu hir'isuu](#) (Ingiliffa qofaan)

Gaaffilee dabalataa waa'ee COVID-19 qabduu? Sarara bilbilaa keenya irratti bilbilaa: **1-800-525-0127**, Wiixata – Jimaata, 6 a.m. hamma 10 p.m., Gaaffiilee dabalataa qabduu? Sarara bilbilaa keenya kan Odeeffannoo COVID-19 tti bilbilaa: 1-800-525-0127

Wiixata – 6 a.m. irra hamma 10 p.m., Kibxata – Dilbata fi ayyaanota biyyoolessaa, 6 a.m. hanga 6 p.m. Tajaajiloota afaan hiikuuf, yeroo isaan deebisan # tuquudhan afaan keessan dubbadhaa. Waa’ee fayyaa keessanii gaaffilee dabalataa gafachuuf, qorannoo COVID-19, yookin bu’aawwan qorannootif, dhiyeessaa eegumsa fayyaa qunnamaa.

Galmees kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 tti bilbilaa. Maamiltoonni dhagahuu hin dandeenyee yookin dhagahuu irratti rakkoo qaban, 711 ([Washington Relay](#) irratti bilbilaa (Ingiliffa qofaan) yookin civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.